
Biiroo Barnoota Bul.Magaalaa Finfinneetti

Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 2ffaa Kan Semisteera 2ffaa



Barannoo 21

BOQONNAA 19

Gilgaala 4

Seenaa Jireenyaa Barreessuu

Kaayyoo barannichaa

Barannoo kana booda

- **Seenaa jireenya keessanii ni barreessitu.**
- **Seenaa namoota biroo barreessuu ni shaakaltu.**

Shaakala

Gaaffilee Armaan irratti mari’adhaa.

1.Seenaa keessan afaaniin walitti himaa.

2.waa’ee mana barumsaa keessanii walitti himaa.

Seenaa Ofii Barreessuu

- **Waa’ee keenya odeeffannoo sirrii qabaachuudha.**
- **Afaaniinis ta’e barreeffamaan of ibsuudha.**
- **Yeroo jalqabnu maqaa keenyarraa ka’uu qabna.**
- **Akka namaaf galutti duraa duubaan dhiyeessuu qabna.**

… itti fufa…

Mee fakkeenya kan hordofaa;

Maqaa :Ibsituu

Mana barumsaa :Dhaloota qubee

Kutaa :Lama

Fulbaana :Barnootan eegala.

Amajjii : Boqonnaa semisteeraan ba’a.

Guraandhala :Semisteera lammaffaan jalqaba.

Waxabajjii :Mana barumsaan cufa.

Mee Waa’ee Ibsituu Haa Ilaallu.(Himaan)

- **Maqaankoo Ibsituun jedhama.**
- **Mana barumsaa Dhaloota Qubeetti kutaa 2ffaan baradha.**
- **Fulbaanatti barnoota koon eegala.**
- **Amajjitti immoo boqonnaa semisteeraan ba’a.**
- **Guraandhala barnoota semisteera 2ffaan jalqaba.**
- **Waxabajjitti immoo mana barumsaan cufa.**

Keeyyataan Immoo

Maqaankoo Ibsituun jedhama.Mana barumsaa Dhaloota Qubeetti kutaa 2ffaan baradha.Fulbaanatti barnoota koon eegala.Amajjitti immoo boqonnaa semisteeraan ba’a.Guraandhala barnoota semisteera 2ffaan jalqaba.Waxabajjitti immoo mana barumsaan cufa.

Seenaa Nama Biraa Barreessuu

Maqaa :sooressaa.

Mana barumsaa :Daandii Guddinaa.

Kutaa :2ffaa.

Fulbaana :Barnoota eegala.

Amajjii :Boqonnaa semisteeraa ba’a.

Guraandhala :Semisteera 2ffaa jalqaba.

Waxabajjii :Mana barumsaa cufa.

Himaan Yoo Tarreessinu.

- ❖Maqaan isaa sooressaa jedhama.
- ❖Mana barumsaa Daandii Guddinaatti kutaa 2ffaa barata.
- ❖Fulbaanatti barnoota isaa eegala.
- ❖Amajjitti boqonnaa semisteera1ffaa ba’a.
- ❖Guraandhala immoo barnoota semisteera 2ffaa jalqaba.
- ❖Waxabajjiitti mana barumsaa cufa.

Keeyyataan Yeroo Barreessinu

Maqaan isaa sooressaa jedhama.Mana barumsaa Daandii Guddinaatti kutaa 2ffaa barata.Fulbaanatti barnoota isaa eegala.Amajjitti boqonnaa semisteera1ffaa ba’a.Guraandhala immoo barnoota semisteera 2ffaa jalqaba.Waxabajjiitti mana barumsaa cufa.

Gocha

Gaaffilee kennaman hojjechuun maatiitti agarsiisaa.

1.Keeyyatni seenaa jireenya Sooressaa ibsu himoota meeqa qaba?

Deebii

Himoota 6

Maqaan isaa sooressaa jedhama.Mana barumsaa Daandii Guddinaatti kutaa 2ffaa barata.Fulbaanatti barnoota isaa eegala.Amajjitti boqonnaa semisteera1ffaa ba'a.Guraandhala immoo barnoota semisteera 2ffaa jalqaba.Waxabajjiitti mana barumsaa cufa.

Cuunfaa Barannoo

- **Seenaa jireenya ofii barreessuun odeeffannoo kennuu ta’uu isaa,**
- **Waa’ee ofii beekuuf kan gargaaru ta’uu isaa,**
- **Waa’ee nama biraa barreessuu fi**
- **Akkamitti hima gara keeyyataatti akka jijjiirru baranneerra.**

Hojii Manaa

1.Waa’ee mana barumsaa keessanii odeeffannoo sassaabuun barreessaa.